[redacted]ip
[redacted]ion

**PRESS RELEASE**

CONTACT US: info@ollaa.org

FOR IMMEDIATE RELEASE 10/28/2022

**OLLAA AND OSF FILE CASE BEFORE AFRICAN COMMISSION**

***Falls Church, Virginia*** **(10/28/2022**) **–** Onkoloolessa 28 2022 OLLAA, Open Society-Afrikaa fi Open Society Justice Initiative, dhiittaa mirgoota namoomaa walitti fufiinsaan mootummaan Itoophiyaa Oromoota meesha-maleeyyii irratti raawwataa turee fi jiru ilaalchisee himannaa wajjira Komishiinii Mirgootaa Namoomaa fi Uummatootaa Afrikaatiif banan.

Himannaan kun sarbamiinsa mirgootaa namoomaa walqabatoo hedduu kanneen Chaartara Mirgootaa Namoomaa fi Uummatoota Afrikaa fi waliigalteewwan mirgoota idil-addunyaa birootiin eegumsaa argatan kanneen akka bilisummaa yaada ofii ibsachuu, dhorkamuu to'annoo fi hidhaa seeraan alaa, mirga murtii haqa qabeessa argachuufii, dhorkamuu dararrii/hiraarsa irratti hundaa’uun kan baname yoo ta’u. Himatichi agarsiiftuu dhiittaa mirgoota namoomaa lammiileen Oromoo guutummaa Itoophiyaa keessatti waggootaaf harka mootummoota Itoophiyaa darabeen irratti taraniin raawwatamaaniiti jedhame. Waggootaa dhiyoo assitti, xiyyeeffannaan guddaan walitti bu'iinsa Kaabaa Itoophiyaa Tigiraayi keessatti mudateef kan kenname ta’us, miidhaa guutummaa biyyattii kessaatti, keessumaa immoo Oromoo fi uummatoota Kibbaa biroo irratti raawwatamaa jiruuf beekkamtii kennuun furuun dirqama. Maraamartoon jeequmsa Oromoo irratti gaggeefamaa turee dhalootarraa dhalootaatti kan itti fufaa dhufedha. Haa ta’uutii, ajjeefamuun weellisaa fi aktiivistii Oromoo Haacaaluu Hundeessaa ji'a Waxabajjii 2020 keessa raawwatame fi labsiin waraanaa haaraan Ebla 2022 Oromiyaa keessatti labsame dhiittaa uumatta Oromoo irratti daraan kan hammeesse malee waan haara akka hin taanes beekamaadha. Qaamoleen mootummaas ta'e hidhattoonni biroo lammiilee nagaa Oromoo irratti haleellaa hedduu raawwachuun mirga lubbuun jirachuu isaanii ifatti sarbuun; dabalataanis Oromoon yeroo baay’ee seeran ala qabamuufi hidhamuu, sarbamiinsa mirgootaa kanneen akka hiraarsaa fi bifa namummaa irraa mulquun tuffatamuu, ajjeechaa murtiin alaa fi akkasumas sarbama mirga bilisummaa fi murtii haqa qabesaa ta'e irratti raawwatamu irra dhaqabaa ture jiras.

Hoggantuun OLLAA,Seenaa Jimjimo akka hubachiisanitti, Itoophiyaan Oromoof si'ool bakka humnoonnii nageenyaa mootummaa namoota nagaa ajjeessanii fi dararaanii itti gafatummaa tokko malee jiraatan ta’eera jedhu. Kanaaf himati kun xiyyeeffanna addunyaa akka harkisuu abdii fi amantaa guutuu akka qabanis ibsaniiru. Itti dabaluunis, qulqullinaaf walabumaa hojii komishinichaa irratti amantaa gutuu akka qabaniifi dhimma kana irratti murtii madaalawaa fi haqa qabeessa ta'e kennuu danda'uu isaa irrattis amantaa qabachuu isanii ibsaniiru.

OLLAA, Open society Afrikaa fi Open Society Justice Initiative gama saaniin, himata kanaan, haala dhittaa mirgoota namoomaa Oromoo irratti raawwatamaa jiru ibsuu, himattootaf haqa argamsiisuu fi akkasumas, mootummaa Itoophiyaa tarkaanfilee qabatamaa dhittaalee fi sarbamiinsa kana hambisan akka fudhatu gochuu hedu.

*OLLAA is an umbrella organization that works in collaboration with dozens of Oromo communities around the world.*

Oromo Legacy, Leadership and Advocacy Association
800 W. Broad St,100 #263, Falls Church, VA, 22040
www.ollaa.org